Seattle Special Education PTSA®

## Bu'aalee Eegaman:

# Qajeelfama Barnoota Fedhii Addaa Manneen Barnootaa Mootummaa Seattle Keessatti Argaman Ilaallatu

Seattle Special Education PTSA

# Gamtaa Barsiisotaa fi Maatii Barattoota Fedhii Addaa Seattle: Barnoota Hunda-galeessa Deeggaruu

## Ergamni Keenya:

Maatiin barattoota qaama miidhamtoota ta'ani wayita isaan sirna barnootaa abuuran ni deeggarra.

Barattoota hundumaaf galteewwanii fi carraawwan barnootaa fooyya'a ta'an akka dhiyaatuuf hawaasa barnoota waliigalaa fi kan fedhii addaa gidduutti riqicha in tolchina.

Fooyya'insa sirna barnoota fedhii addaa wayita deeggarrus maatii fi barsiisota wajjiin michummaan ni hojjenna.

## Hojiin keenya:

### Deeggarsa:

Barattoota keenyaaf bu'aalee fooyya'an argamsiisuuf fi kunuunsitoota isaanii deeggaruudhaaf koreewwan irratti hojjetan hundeessinee jirra.

### Koreewwan:

- Hirmaannaa Maatii fi Hawaasaa
- Deeggarsa Seeraa
- Sochiiwwan Hunda-galeessummaa
- Dhorkiinsaa fi Qoodiinsaa
- Bajajataa/Maallaqaa
- Haqummaa fi Hunda-galeessummaa Sabummaa Irratti Hin Hundoofne
- Diisleksiyaa
- Quunamtii
- Miseensummaa
- Walitti Qabduu Gargaarsaa

### Maatii barsiisuu:

Carraawwan akka karaa marsariitiiwwanii hayyoota irra barachuu fi deeggarsa taasisuu; xalayaa raabsuun, miidiyaalee hawaasaan, fi maloota birootti gargaaramuun imaammatawwan dhiyeenyatti ba'an kan barattoota keenya irratti dhiibbaa qaban ilaalchisuun shaakalawwan gaggaarii fi mirgoota maatii irratti hawaasa keenyaaf odeeffannoo kennuu; keessummoota haasaa taasisan waliin ji'aan walga'ii qabaachuu.

### Walga'ii & Haasaa:

Wayita qaama miidhamtoota barnoota irra jiran abuurrutti maatiiwwan akka wal quunnamanii fi wal deeggaraniif walga'iin al-idilee qopheessuu.

**Quunnamtii:**
hello@seattlespecialeducationptsa.org
Gamtaa Barsiisotaa fi Maatii Barattoota Fedhii Addaa PTA
http://seattlespecialeducationptsa.org
https://www.facebook.com/SeattleSpecialEducationPTSA/
https://www.linkedin.com/company/seattle-special-ed-ptsa/
https://twitter.com/SeattleSEPTSA

Seattle Special Education PTSA

# Qabxiilee Gurguddoo 10:

## Tajaajiloota barnoota fedhii addaa abuuruuf tarree qabxiilee gargaaranii

1. **Sanada**: Karoora Barnoota Dhuunfaa baratataa keessanii ilaalchisee jijjiiramni haaraan wayita wixineeffamutti Beeksisni Barreeffamaa Dursaa (PWN) akka isin dhaqqamu gaafadhaa.

2. **Hordoffii:** Yeroo hundumaa haasawa, idilee, al-idilee iimeeliidhaan godhamu hordofuudhaan marii fi murtoo kenname olkaayaa.

3. **Hiriyaa Keessan Qabadhaa:** Mariiwwan Karoora Barnoota Dhuunfaa keessan irratti nama yaadannoo isiniif qabu qabattanii dhufuudhaan maricharrati duwwaa xiyyeeffadhaa. Dhiyeessitoonni dhuunfaa akka dhiyeessaniifis gaafachuu ni dandeessu.

4. **Daataa Keessa Deebi'uun Ilaaluu:** Wayita miseensi garee yaada murtoo dhiyeessu, gudunfaa kaa'uun dura daataa sana gareen irra-deebi'uun ilaaluuf gaafadhaa.

5. **Mirgoota Keessan Beekaa:** Eegduuwwan Adeemsaa kanneen mirgoota maatii fi barataa eeran dubbisuun yeroo hundumaa isa wabeeffadhaa:

6. **Qindaa'aatii dhiyaadhaa:** Akkaataa itti ragaalee Karoora Barnoota Dhuunfaa/504 Barataa keessanii hundumaa itti sanadaan qopheeffattanii fi qindeeffattan mijeeffadhaatii bakka marii fidadhaa kottaa. Saamudawwan hojii dabalaa.

7. **Eenyutu itti gaafatamaa?:** Wayita tarkaanfiin wayii barbaachisutti, eenyu akka tarkaanficha fudhatuu fi yooma akka ta'u gaafachuu keessan mirkaneeffadhaa.

8. **Barataa keessaniif eenyummeessa tolchaa:** Wayita jalqaba baraatti barsiisota barataa keessanii wajjiin marii al-idilee fi gabaabaa ta'ee qopheessuun garagalcha seenaa barataa keessanii Karoora Barnoota Dhuunfaa/504 isaanii kennaafii. Kunimmoo kaarooricha keessatti maaltu akka barbaadamu akka beekanii fi barataa keessan akka deeggaraniif kan gargaarudha.

9. **Daawwadhaa:** Dhiyeessitoota dhuunfaa biratti dabalataan daawwannaan mana barumsaatti godhamu maatii yookaan kunuunsitootaan gaafatamuu danda'a. Gaaffiin barreeffamaan dursee godhamuu qaba. Wayita daawwannaatti hojjettoonni godinaa ni argamu.

10. **Quunnamtii Godhaa:** Sarara quuunnamtii isinii fi garee mana barumsaa gidduutti godhamuu banaa fi waldeeggaruu irratti kan hundaa'e godhaa. Muraasni karoora quunnamtii qopheeffachuu fi Karoora Barnoota Dhuunfaatti/504 dabalachuun gaarii ta'uu arganiiru. Quunnamtiin (sanadoonni fi walga'iin) afaan keessaniin dhiyaachjuu qaba.

- Akkaataa adeemsichi itti jalqabsiifamu abuuruudhaaf maatiiwwan akka rakkisu ni hubanna, kanaaf deeggarsa yookaan gargaarsa yoo barbaaddan maaloo dhaabbilee fuula 18 irratti eeraman quunnamaa.

Seattle Special Education PTSA

# Chaartii Caasaa Hojjettootaa:

**Eenyutu qaama garee daa'ima kootiiti akkasumas gaheen isaanii maalidhaa? Wabeeffannaaf akka salphatuuf hojjettoota mana barumsaa waliin chaarticha keessatti guutaa.**

### Dhidhiibduu Iddoo Hojii *

### Dhidhiibduu Qaamaa *

### Ogeessa Afaan Dubbii *

### Ogeessa Xiinsammuu Mana Barnootaa

### To'ataa Tajaajiloota Walfakkaatanii *

### Barataa

### Gulantaa Ijaarsaa

### Barsiisaa/tota Waliigalaa

### Barsiisaa/tota Fedhii Addaa

### Hogganaa Taatee *

### Gargaaraa Hogganaa

### Hogganaa

### Ogeessa Sagantaa *

### To'ataa Naannoo *

### Daayirektera Barnoota Fedhii Addaa

### Daayirektera Olaanaa Barnoota Fedhii Addaa

### Sadarkaa Godinaa

### Daayirektera Manneen Barnootaa *

### Hogganaa Tajaajila Barattootaa

*** To'ataa Tajaajiloota Walfakkaatanii**
To'ataa tajaajiloota walfakkaatan hundumaa (OT,PT,SLP)

*** Ogeessa Sagantaa**
Adeemsa Karoora Barnoota Dhuunfaa qopheessuu keessatti gorsaa fi leenjii kennuudhaan garee mana barnootaa deeggara

*** To'ataa Naannoo**
Garee mana barnootaa kan hordofuu fi shaakalawwan mana barnootaa komii uumuu danda'an kan to'atudha

*** Daayirektera Manneen Barnootaa**
Hoggantoota kan hogganudha

*** Hogganaa Taatee**
Karoora Barnoota Dhuunfaa kan hogganudha

Muummee Barnoota Fedhii Addaa SPS: Bilbila- 206-252-0052
Iimeelii: specialed@seattleschools.org
Barbaacha Daa'imaa, Tajaajila umriiwwan 3-5 dhaaf dhiyaatu, 206-252-0805

# Dhiyeessii Afaanii fi Iddoo Turtii Kunuunsitootaa

## Manneen barnootaa maatiin fi barattoonni guutummaatti akka hirmaatan eyyemuu qabu

### Meeshaaleen Karoora Barnoota Dhuunfaa afaan ani dubbadhuun yoo naaf hin kennamne maal gochuun danda'aa?

Godinaaleen meeshaalee kanneen afaan dhalootaa keessaniin dhiyeessuuf dirqama akka qabu seerri ni eera. Walga'ii Karoora Barnoota Dhuunfaa adeemsifamuun dura meeshaaleen afaan dhalootaa keessaniin akka isiniif dhiyaataniif iyyata barreeffamaa hogganaa taateef ergaa. Gaafficha keessatti hogganaas dabalaa. Sanadoonni afaan isin dubbattaniin yoo hin dhiyaanne, walga'ii hirmaachuuf dirqama kan hin qabne yermmuu ta'u, wayita sanadoonni afaan dhalootaa keessaniin dhiyaatanitti akka dheereffamuuf gaafachuu ni dandeessu.

**Dhimmoota keessaniin barreeffamaan qopheesuun to'ataa naannoo quunnamuun deeggarsa argadhaa.**

### Meeshaaleen Karoora Barnoota Dhuunfaa sirnaan kan hin hiikamnee fi homaa hiika kan hin laanne yoo ta'an maal gochuun danda'a?

Maatiin yookaan guddiseen odeeffannoo dhiyeessii tajaajiloota barnoota fedhii addaa barattoota isaaniif dhiyaatan waliin walqabatan kamiyyuu afaan dhalootaa isaaniin argachuu akka qabanii fi eyyemni isaanii gaafatamuu akka qabu seerri ni kaa'a.

### Wayita adeemsa qophii Karoora Barnoota Dhuunfaa fedhiin afaanii barataa kootii akkamitti eegamaa?

Dhiyeessiin afaanii qaama wantoota wayita Karoorri Barnoota Dhuunfaa qophaa'u mariif dhiyaachuun dirqama ta'ee fi ilaalchi addaa godhamuufiiti.

### Wayita walga'ii Karoora Barnoota Dhuunfaatti guutummaatti hirmaachuuf turjumaanni yoo na barbaachise maal gochuun danda'a?

Godinni namoota afaan hiikan yookaan turjumaanota baasii tokko akka isiniif dhiyeessuu qabu seerri ni gaafata. Walga'iin qophii Karoora Barnoota Dhuunfaa geggeeffamuun dura hiikkaan afaanii fi turjumaanni akka isin barbaachisu barreeffamaan dhiyeeffadhaa.

### Barataan koo afaan Ingliziitiin qoramuu fi madaalamuun irraa in eegamaa?

Lakki, qormaannii fi madaalliin hundinuu Afaan Mallattoo Amerikaa dabalatee, afaan dhalootaa barataa keessaniitiin godhamuu qaba.

### Deeggarsa afaaniitiif eenyuunin quunnama?

Hogganaa mana barumsaa keessanii fi to'ataa taatee quunnamaa. Tajaajila turjumaanaa Afaan Mallattoo Amerikaatiif, qindeessaa 504 **504coordinator@seattleschools.org** asirratti quunnamaa.

### Akka kunuunsaa tokkootti iddoo turtii yoon barbaade maal gochuun danda'aa?

Mata dureen II Tumaa Qaama Miidhamtoota Amerikaa "tajaajiloota, sagantaalee, fi tattaaffiiwwan mootummaa naannoo fi gandaatiin dhiyaatan hunduu qaama miidhamummaa irratti hundaa'uun qoodinsi akka hin jiraanne ni dhorka." Akka kunuunsaa tokkootti guutummaatti hirmaachuuf iddoo turtii isin barbaachisu argachuudhaaf dursitanii hojjettoota beeksisuu keessan mirkaneeffadhaa. Fakkeenyonni iddoo turtii muraasni: walga'iiwwan fageenyarraa taasifaman, turjumaana Afaan Mallattoo Amerikaa, sanadoota foormaatii barreeffama elektiroonikii barbaachaan argamuu danda'uu, barreeffam haguugame, sanadoota dursanii irra-deebi'uuf yeroo dabalataa, murtoowwan irra-deebi'uun ilaaluu fi deebii itti kennuuf yeroo dabalataa, marii irratti tumsuuf deeggarsa ilaalchaaf godhamu, waraabbii walga'ii yeroon argachuu, sanadoota afaan dubbiin qophaa'an fi walga'iiwwan waraabaman.

# Qabxiilee Deeggarsaa

## Dubbachuun gaarii duwwaa miti

Barsiisotaa fi hoggantoota gaaffii gaafachuun akka waan hin malleetti hin ilaalamu. Barnoota barataa keessanii ilaalchisee yaaddoo yoo qabaattan barsiisotaa fi hoggantoota mana barumsaatti kaasuuf hin sodaatiinaa. Dhaabbilee alaa yaaddoowwan keessan ibsachuuf isin gargaanis quunnamaa. Hedduun dhaabbilee kanaa deeggarsaa fi tajaajiloota afaan garaagaraatiin dhiyeessu. Sirna sana abuuruu keessattia akka isin gargaaraniif maatii kan biroo wajjiin hariiroo uummadhaa.

Wayita barbaadametti tajaajiloota hiikkaa afaanii fi turjumaanaaf mana barumsaa gaafachuuf mirga akka qabdan yaadadhaa. Afaanicha dubbachuu kan dandeessan yoo ta'ellee, ciminaa fi rakkinoota daa'ima keessanii akka isiniif ibsuuf akkasumas wantoota garee mana barnootaatiin bahanii fi bu'aawwan murtoowwan kanneenii maal akka ta'ee hubachuuf akka isin deeggaruuf turjumaanni akka isiniif dhiyaatuuf gaafachuu ni dandeessu.

“Naaf hin galle,” “Irra-deebi'uu dandeessuu?,” “Fakkeenya naaf kennuu ni dandeessuu?,” “Waayee aadaa koo fi qaama miidhamummaa barattoota koo akkamitti barsiisaa jirtu?” jechuun homaa rakkoo hin qabu. Maaltu akka jedhamaa jiru, daree barnootaa fi mana barnootaa daa'ima keessanii keessatti wanta ta'aa jirus beekuun barbaachisaadha. Afaan Ingilizii yooma dubbattanillee, ifa akka ta'uuf, wanta jedhamee fi murtoo darbe hubachuuf, fi waayee cimina barataa keessanii akkasumas dhiibbaa qaama miidhamummaan isaanii barnoota isaanii irratti qabu akka argattaniif turjumaanni akka isiniif dhiyaatu gaafadhaa.

Aadaa, duudhaalee, fi barteewwan keessan daree daa'ima keessanii fi mana barnootaa isaaniif qooduun wal hubannaa fi kabajni akka dabalu kan taasisudha.

Walga'iiwwan Karoora Barnoota Dhuunfaan walqabatan walxaxoo ta'uu fi namaaf galuu dhiisuu danda'u. Hiriyaa yookaan deeggaraa (dhaabbileen muraasni deeggarsa kana ni kennu) kan isin yookaan daa'imni keessan deeggarsa barbaaddan argachaa jiraachuu keessan mirkaneessuuf isin gargaaran fidadhaa.

Barsiisotaa fi maatii gidduutti hariyummaa uumuun fooyya'iinsaa fi milkaa'ina barataatiif hedduu fayyada. Yeroo kamittiyyuu barsiisota barataa keessanii wajjiin walarguu kan dandeessanii, fi akkasumas yoo gaafattan, hedduu isaanii waliin karaa iimeelii yookaan ergaa gabaabaa wal quunnamuu ni dandeessu. Jalqaba waggaatti, karoora quunnamtii uumuu ilaalchisee barsiisaa barataa keessanii wajjiin dubbachuudhaan karooricha waggicha keessatti haala barbaachisaa ta'een sirreessuu akka dandeessan gaafadhaa.

Seattle Special Education PTSA

# Karoora Tarsiimawaa:

## Barataan keessan mana barumsaatti rakkoon isa mudachaa jira garuu immoo Karoora Barnoota Dhuunfaa yookaan karoora 504 hin qabu.

1. Garaagarummaa Karoora Barnoota Dhuunfaa fi 504 gidduu jiru barachuuf, fuula 9 ilaalaa.

2. Rakkoo barataa keessan mana barumsaatti mudachaa jiru kamillee galmeessaa.

3. Yaaddoowwanii fi gaaffilee keessan qabachuun barsiisaa fi hogganaa haasofsiisaa. Afaan filattaniin barreessaa.

4. Waa'ee yaaddoo keessanii fi filannoowwan deeggarsaa barataa keessaniif jiraachuu danda'an ilaalchisee barsiisaa daa'ima keessanii wajjiin haasa'uudhaaf marii qabaachuuf beellama qabadhaa. Walga'ichi godhamuun dura turjumaanni akka isiniif dhiyaatuuf gaafadhaa.

5. Murtoowwanii fi haasaawwan maricha irratti ka'an galmeessuun barsiisaa fi hogganaadhaaf iimeeliidhaan ergaafii.

6. Tajaajiloota barnoota fedhii addaatiif wabii argachuudhaaf hogganaadhaaf barreeffamaan gaaffii dhiyeessaa.
https://www.parentcenterhub.org/evaluation-2/#model

7. Baraticha madaaluu fi dhiisuudhaaf murtoo godinaa gaafadhaa. Kunis barreeffamaan isiniif dhiyaachuu kan qabu yemmuu ta'u, madaaluuf diduu dabalatee murtoo isaanii kan ibsu ta'uu qaba.

8. Qabxii madaallii irra-deebiin ilaaluu fi 504'f yookaan Karoora Barnoota Dhuunfaaf ulaagaa guutuu murteessuudhaaf garee Karoora Barnoota Dhuunfaa wajjiin ta'uudhaan walga'ii madaallii irratti hirmaadhaa.

9. Walga'ii madaalliin booda immoo walga'ii Karoora Barnoota Dhuunfaa hirmaadhaa. Kunis walga'iin madaallii xumuramuu hordofee yookaan guyyaa biraa ta'uu danda'a. Gareen Karoora Barnoota Dhuunfaa hamma tajaajiloota sagantaaf dhiyaatanii fi ramaddii walga'ii Karoora Barnoota Dhuunfaa irratti ni murteessu.

10. Adeemsa kana keessatti yeroo fudhachuudhaan gaaffilee yoo qabaattan hundumaa gaafadhaa. Yeroon dabalataa kan isin barbaachisu taanaan, walga'ii Karoora Barnoota Dhuunfaa kanbiraa gaafachuudhaan yaaddoo keessan furadhaa.

11. Yaadannoowwan keessan garee mana barnootaatiif erguudhaan akkasumas Yaadachiisa Barreeffamaa Dursaa kan murtoowwan walga'ii Karoora Barnoota Dhuunfaa irratti dabarfaman qabau gaafachuudhaan walga'ii Karoora Barnoota Dhuunfaa hordofaa.

12. Galmawwan Karoora Barnoota Dhuunfaa irratti fooyyeen mullatan to'atamuu fi maatiitti gabaafamuu qabu. Gabaasa fooyya'iinsaa gaafachuu keessanii fi fooyya'iinsa barataa keessanii tokkoon tokkoo kurmaana kurmaanaan irra-deebiin ilaaluu keessan mirkaneeffadhaa.

# Guyyootaa fi Wayitiilee Barbaachisoo Ta'an:

## Adeemsa qophii Karoora Barnoota Dhuunfaa/504 keessatti saatiin lakkaa'uu yoom akka eegaltu beekuun murteessadha

| Adeemsa | Guyyoota Deebiif Fudhatan | |
|---|---|---|
| Madaaluuf Kan Murtaa'e: | 25 Guyyoota Barnootaa | **Madaalliiwwan:** Gaaffii madaalliif deebii kennuudhaaf guyyoota barnoota 25. |
| Maddaallii: | 35 Guyyoota Barnootaa | |
| Madaalliin booda Walga'ii Karoora Barnoota Dhuunfaa Gaggeessuu: | 30 Guyyoota | **Karoora Barnoota Dhuunfaa:** Barataan ulaagaa guutuu isaa godinni murteessinaan, Karoorri Barnoota Dhuunfaa, guyyoota 30 keessatti qophaa'uu qaba. |
| Madaallii Barnootaa Qaama Alaan Godhamu: | 15 Guyyoota | **Madaallii Barnootaa Qaama Alaan Godhamu:** Madaallini Barnootaa Kophaatti baasii mootummaatiin akka ta'u maatiin kan gaafatu taanaan, godinichi guyyoota 15 keessatti adeemsa seeraa jalqabuudhaan yookaan Madaallii Barnootaa Kophaatti baasii mootummaatiin godhamutti waliigaluudhaanis haa ta'u deebii kennuu qaba. |
| Irra-deebii Karoora Barnoota Dhuunfaa: | 12 Ji'oota | **Irra-deebii Karoora Barnoota Dhuunfaa:** Sagantaaleen Barnoota Dhuunfaa ji'oota 12'n irra deebi'amuu qabu. |
| Madaalliiwwan Irra-deebii: | 3 WAGGOOTA | **Madaalliiwwan Irra-deebii:** Madaalliiwwan irra-deebii Karoora Barnoota Dhuunfaa waggoota 3'n godhamuu kan qabanii fi wayita maatii yookaan godinaan gaafatamutti immoo waggaatti altokko godhamuu qaba. |
| Komiiwwan: | 1 WAGGAA | **Komiiwwan:** Komiiwwan Hawaasa Barnoota Fedhii Addaa irraa dhiyaatan Waajjira To'ataa Olaanaa Ajajoota Mootummaa (OSPI) tti dhiyaachuu qabu. OSPI'nis guyyoota hojii 60 keessatti murtoo kennuu qaba. |
| Adeemsa Seeraa: | 2 WAGGOOTA | **Adeemsa Seeraa:** Adeemsa seeraa OSPI'tti dhiyaachuu qaba. Erga dhiyaateen booda, qaamoleen lamaan yoo dhiisuuf murteessan irraan kan hafe manni barumsichaa guyyoota hojii 15 keessatti marii araaraa maatii/kunuunsitoota wajjiin qopheessuu qaba. Waliigaltee furmaataa irra ga'uudhaaf guyyoonni 30 ni jiru. Waliigalteen yoo hin jiraanne, muummeen barnootaa bulchiinsichaa murtoo dhaddacha adeemsa seeraa dabarsuudhaaf guyyoota 45 in qabaata. |

Seattle Special Education PTSA

# Hiikkoowwan:

## Jechootaa fi Gabaajeewwan adeemsa Karoora Barnoota Dhuunfaa kan barnoota fedhii addaa/504 keessa jiran waliin walbaruu

### Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (IEP):

Sanada tajaajiloota, iddoo turtii, fi fooyya'iinsawwan daa'imni keessan argachuuf seeraan kennameef ibsudha.

### Naannawa Badaa Hin Dhokamne (LRE):

Ulaagaa seeraa IDEA keessatti eeramee jiru kan barattoonni hiriyoota qaama miidhamoo hin taane kan biroo wajjiin hamma danda'ametti barnoota haa argatan jedhudha. Bakka utuu hin taane, qajeelfamadha.

### Yaadachiisa Barreeffamaa Dursaa (PWN):

Yaadachiisnii fi cuunfaan murtoowwan sagantaa barnootaa kan barataa keessan ilaalchisee dabarfamee **HOJIITTI HIIKAMUUN DURA** maatiif kan dhiyaatudha. Kunis wayita murtoon uumamuu fi jijjiiramni taasifamu hundumaatti FI wanti wixineeffame kufaa taasifamutti maatiif dhiyaan irra in jiraata.

### Madaallii Barnootaa Qaama Alaan Godhamu (IEE):

Madaallii ogeessa qormaataa ulaagaa guute kan godina mana barumsaa barataan keessan itti baratuun hin qaxaramneen taasifamudha. Kunis wayita maatiin yookaan guddiseen madaallii godinaan raawwatametti waliigaluu dadhaban kan gaafatamudha.

### Bara Barnootaa Dabalataa (ESY):

Kunis tajaajila wayita boqonnaa manneen barnootaatti (ganna, boqonnaa bonaa, kkf.) kennamu kan addatti barattoota dandeettiiwwan barnootaa yookaan amalaa isaanii sirreeffachuudhaaf deeggarsa barbaadan gargaaruudhaaf kaayyeffatedha. Ulaagaa guutuuf dhiisuun kan murtaa'u sanada dandeettii barataan tokko yoo barumsarraa fagaate dhabuu danda'u qabatu, akkasumas galtee hamma ulfaatina qaama miidhamummaa, dandeettiiwwan guddataa adeemanii fi haala fooyya'iinsaan walqabatee garee Karoora Barnoota Dhuunfaa irraa argamu irratti kan hundaa'udha.

### Madaallii Jijjiirama Amalaa (FBA):

Mala madaallii kan jijjiirama amala baratаa tokkoo hubachuuf nama gargaaruu fi deeggarsawwan sirreeffamaa gaarii ta'an qopheessuuf bu'uura kan ta'udha.

### Karoora Sirreeffama Amalaa (BIP):

Karoora FBA hordofuun ba'u ta'ee kan sirreeffamawwan amalaa fi tarsiimoowwan gaarii ta'an kan amala irratti xiyyeeffatame hir'isuu fi amaloota bakkasaa hu'uu danda'an immoo barsiisuu jajjabeessanidha.

### Barnoota Bilisaa fi Sirrii Mootummaan Dhiyaatu (FAPE):

FAPE'n hiikkoowwan lama kan barataa Karoora Barnoota Dhuunfaa qabuuf hojjechuu danda'u qaba. Kutaan 504'ffaan kan kaa'u barattoonni qaama miidhamoo ta'an carraawwan barnootaa hiriyoota isaanii qaama miidhamummaa hin qabne argatan wajjiin walqixa ta'e argachuuf mirga ni qabu. IDEA jalatti, FAPE'n sagantaan barnootaa dhuunfaan kan fedhiiwwan addaa mucaan sun barbaadu qabu fi kan daa'mtichi bu'aawwan barnootaa irraa argachuu danda'u akka jiraatu gaafata.

### Adeemsa Seeraa:

Karaa seeraa ittiin barnoota daa'ima keessaniin walqabatee mana barumsaa wajjiin waldhabdee qabdan ittiin furattanidha. Adeemsa seeraa jalqabuu kan dandeessan waldhabdeewwan barnoota fedhii addaan walqabatan qofaafidha. Qondaala bilisa ta'e biratti dhimmi keessan akka ilaalamuu gaafachuu fi dhaddacha adeemsichaa irratti ragaalee fi dhga baatota dhiyeessuuf mirga ni qabdu.

Seattle Special Education PTSA

# Barataa Beeksisuu

## Karaa al-idilee ittiin barataa keessan garee mana barumsaatti beeksifattan

Barataa beeksisuun mala gaarii dirqama hin taane garuummoo isinii fi barataan keessan kan ittiin cimina isaanii fi galma isaanii gara fuulduraa garee mana barnootaaf qooddanidha. Kunis bifa xalayaan, risiyuumiin, yookaan poosteriidhaan qophaa'uu ni danda'a. Tarkaanfii murteessaa kana keessatti barataa keessan hirmaachisuun qooda fudhachiisaa.

### Barataa ilaalchisee mata dureen isin dabaluu dandeessan:

- Ciminoota
- Tarsiimoo isaaniif hojjetu
- Yaaddoowwan fayyaa yookaan nagummaa
- Qormaatilee
- Fedhiiwwan
- Galmawwan
- Afaanota/Quunnamtii
- Seenduubee aadaa
- Aadaa mana keessanii

### Fakkeenyi barataa beeksisuu kunooti:


# SAKURA TAKAGI

FOURTH GRADER

**GOALS**

I am a generous and spunky 9 year old who loves to read and draw. I love to play the drums and when I grow up I want to be an artist.

**LANGUAGES**

Japanese
English

**INTERESTS**

- Science
- Animals
- Arts and crafts
- Minecraft
- Reading
- Music

**CULTURE AT HOME**

I have a younger brother. Both of my parents work full time. My grandparents live with me and my family for much of the year. They help take care of me and are an important part of my daily life.

**STRENGTHS**

- Reading
- Creativity
- Resilience
- Curiosity
- Enthusiatstic

**CULTURAL BACKGROUND**

I am a second generation Japanese American.

**PROVEN STRATEGIES**

- Using models
- Access to manipulatives
- Repetition
- Frequent checks
- Social skill small groups with peers

**WHAT I AM WORKING ON**

- Math
- Communication with peers
- Developing peer relationships
- Self-advocacy

**HEALTH AND SAFETY**

Gluten and dairy free

Fuula maxxanfamuu danda'u kana odeeffannoon barataa keessanii irratti guutamu. ▶

# MAQAA

KUTAA

## CIMINOOTA

## GALMAWWAN

## SEENDUUBEE AADAA

## FEDHIIWWAN

## TARSIIMOOWWAN MIRKANAA'AN

## AADAA MANA KEESSANII

## WANTAN IRRATTI HOJJECHAA JIRU

## AFAANOTA

## FAYYAA FI NAGUMMAA

Seattle Special Education PTSA

# Adeemsawwan Oliyyannoo:

## Deeggarsa barataa keessaniif malu argachaa hin jirtanii? Barattoota IEP/504 dhaaf adda bahaniif adeemsawwan fudhatamuu danda'an kunooti

**1** Qormaatilee daa'imni keessan sababa mana barumsaatiin manatti yookaan mana barumsaatti isa mudachaa jiran galmeessaa. Walga'iiwwanii fi sanadoota hundumaaf wayita barbaachisetti tajaajila turjumaanaa fi hiikkaa gaafadhaa.

**2** Barataa, to'ataa taatee, fi hogganaa keessan quunnamaa. Yaaddoo qabdanii fi gaaffilee keessan barreeffamaa dhiyeessaa. Daataa funaannattan hundumaa itti dabalaa.

**3** Garee barataa keessanii wajjiin walga'ii IEP qabaachuuf beellama qabadhaa. Ogeessa sagantaas akkaataa barbaachisummaa isaatti dabaluudhaan. Walga'ichaan dura yaaddoo maatii keessanii miseensota garee IEP hundaaf iimeeliidhaan ergaa.

**4** Walga'ii IEP boodallee fedhiiwwan barataa keessanii kan hin guunne taanaan To'ataa Naannoo quunnamaa.

**5** Yaaddoowwan kanneen furuudhaaf hojjettoota godinaa fi mana barumsaa waliin walga'ii taa'uuf gaafadhaa. Karoorri kun barreeffamaan qophaa'uu isaa mirkaneeffadhaa. Wayita barbaachisetti tajaajila turjumaanaa fi hiikkaa gaafadhaa.

**6** Walga'ii IEP mijaa'e Sounds Options Group niif 800-692-2540 irratti bilbiluudhaan argadhaa.

**Walitti fufiinsaan godina utuma quunnamtanii qormaatileen barataa keessan mudachuu yoo ittuma fufan, tarkaanfiin itti aanu adeemsa komii seeraa dhiyeeffachuu bifa armaan gadiitiin dhiyeessuudha:**

**7** **Komii Hawaasa Barnoota Fedhii Addaa Kan Karaa OSPI Godhamu:** Adeemsa kana keessatti wantoonni hedduun uumamuu danda'u:

- Deeggarsi walitti fufaan karaa adeemsa komii OSPI'n dhiyaatu utuu hin barbaachisiin komataa fi godina gidduutti araarri bu'uu ni danda'a.
- OSPI'n karoora tarkaanfii sirreeffamaa kan akkaataa godinni itti dhimmoota komataadhaan dhiyaatan itti furuu danda'u ibsu ni dhiyeessa.
- OSPI'n godinarratti badii homaa yoo hin argine tarkaanfiin fudhatamu hin jiraatu.

**8** **Jaarsummaa:** Adeemsa fedhiin godhamu kan maatii fi hojjettoonni godinaa jaarsummaa qaama sadaffaatiin dhimmoota isaanii furuufi itti mari'atanidha.

- Mariin wayita jaarsummaatti godhamu iccitiin isaa kan eegamedha.
- Waliigalteerra kan ga'an taanaan, barreeffamaan qophaa'uun qaamota lamaaniin mallatteeffamuu qaba. Waliigalteen kun waadaadha. Godinni waliigaltee sana hojiitti hiikuu yoo dadhabe, maatiin yookaan guddiseen komii hawaasaa dhiyeeffachuu yookaan mana murtiitti iyyata banuu ni danda'u.

**9** **Dhaddacha Adeemsa Seeraa Gaafachuu**

- Adeemsa seeraa idilee ta'ee kan abbaa seeraa, seerota bulchiinsaatiin gaggeeffamudha. Akka waliigalaatti, kun filannoowwan jiran keessaa isa walxaxaadha. Deeggarsa abukaattoo argachuuf gaafachuu ni dandeessu.

Seattle Special Education PTSA

# Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafataman

## Deebii Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafatamaniif Keennaman

### Garaagarummaan Karoora 504 fi IEP maalidhaa?

Karoorri 504 fi IEO'n lamaan isaaniiyyuu karoora idilee garee barnootaa daa'immaniitiin qophaa'u ta'ee kan fedhiiwwan daa'immanii guutuuf fi qoodinsa hambisuuf deeggarsa lennuuf gargaaranidha. Garuu immoo sanadoota garaagaraa ulaagaalee fi eegumsa garaagaraa kennanidha. Karoorri 504 jildii salphaa IEP jechuus miti.

| IEP | Karoora 504 |
|---|---|
| Sagantaa barnoota dhuunfaa | Karoora naannawa barnootaa argachuuf gargaarudha |
| Madaallii isaanii irratti hundaa'uun tarree wantoota daa'imni tokko barnoota "argachuuf" isaan barbaachisanii, jechuunis daataa irratti kan hundaa'u kan ajaja addatti qophaa'e (SDI) dabalatu. | Tarree bakka turtii, deeggarsaa, fi tajaajiloota FAPE argachuuf gargaaran garuu immoo galma barachuu kan hin jijjiirre |
| Eegduu Adeemsaa IDEA kan mirgoota maatii fi barattootaa fi madaalliiwwan eeguuf gargaaru | Kutaa 504 kan Eegduu Adeemsaa, caalaatti daanga'aadha |
| Tokkoon tokkoo IDEA'tiif maatiin miseensa garee IEP akka ta'an in barbaadama | Karoora 504 hojiitti hiikuun dura waliigalteen maatii in barbaachisa |
| Tokkoon tokkoo IDEA'tiif, daa'immaan waggoota 2-3'tti irra-deebiin akka madaalaman in barbaadama | Madaallii daataa fi ragaaleetti dhimma ba'a, madaalliin idileen in barbaachisu |
| Hordoffiin fooyya'iinsa irratti godhamu kan daataa irratti hundaa'u in barbaachisa | Hordoffiin fooyya'iinsa irratti godhamu hin barbaachisu |
| Galmawwan barnootaa fi amalaa bu'uureffachuudhaan qophaa'a | Galma hin qabu |

### Garaagarummaan ramaddii fi iddeessaa maali?

Ramaddiin jecha addatti Tumaa Barnootaa Namoota Qaama Miidhamummaa Qabanii (IDEA) keessa jiru yemmuu ta'u barnoota fedhii addaa ilaalchisee Yuunaayitid Isteetsi keessatti hiika walfakkaatu qaba. Ramaddiin sagantaa, dhiyeessiiwwan, namoota, bakka, yookaan meeshaalee tajaajiloota barnoota fedhii addaa kennuuf gargaaran of keessaa kan qabudha. Ramaddiin tajaajiloota walitti qabaatti barattoota qaama miidhamtootaaf kennamu hunda kan qabatudha. Iddeessi baratаa immoo bakka barataan itti barachuuf ramadamedha. Godinni ramaddii fi tajaajiloota baratаa ilaalcha keessa galchuudhaan iddeessa barataa in murteessa. Wayita danda'amettii fi gaarii ta'ee argametti, barattoonni tajaajiloota barnoota fedhii addaa mana barumsaa naannawa isaaniitti argamurraa kan argatan ni ta'a. Barattoonni muraasni sababa walxaxiinsa tajaajila isaaniirraan kan ka'e iddeessa isaanii fooyyeffataniiru.

### Barataan tajaajila eessaa argataa?

Barattoonni naannawa badaa hin dhorkamne (LRE) kan tokkoon tokkoo barataatiif addatti qophaa'e irraa tajaajiloota argatu. Kunis kutaa barnootaa waliigalaa keessatti yookaan kutaa addatti qofa-qofaatti qophaa'e yookaan garee nama muraasa qabuun ta'uu danda'a.

### Barataan koo tajaajila barnoota fedhii addaa argachuudhaaf qaama miidhamummaa ragaa meedikaalaan mirkanaa'e qabaachuu qabaa?

Lakki, baratаa tokko madaaluudhaaf ragaan meedikaalaa hin barbaachisu.

Seattle Special Education PTSA

# Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafataman

## Deebii Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafatamaniif Keennaman

### Filannoowwan tajaajila bu'uuraa maal fa'i?

Manneen Barnootaa Mootummaa Seattle (SPS) filannoowwan "Tajaajila Bu'uuraa" SPS'dhaaf addatti qophaa'an hedduu ibseera. Wantoonni addatti qophaa'an kunniin iddeessa barataaf fi guddina ogummaa barsiisotaaf filannoowwan tilmaamamuu danda'an kan qopheessudha. Tajaajilli Bu'uuraa kunneen barattoota Manneen Barnootaa Mootummaa Seattle, kutaa K-12 jiraniif fi barattoota tajaajiloota cehumsaa barnoota fedhii addaa fudhataa jiraniif (hanga umrii 21 ta'aniif) kan dhiyaatudha.

### Manneen Barnootaa 2021-22 tti Hammataman (kan haaromfame 6/1/2021)

Manneen Barnootaa Barnoota Sadarkaa Jalqabaaf

Manneen Barnootaa Barnoota Sadarkaa Giddu-galeessaaf

Manneen Barnootaa Barnoota Sadarkaa Lammataaf

### Filannoowwan Tajaajila Bu'uuraa SPS akkamitti hiikamuu?

| Tajaajila Filannoo | Ibsa |
|---|---|
| Galtee | Barattoonni qajeelfamoota addatti qophaa'an (SDI) kan fedhiiwwan barnootaa fi dandeettiiwwan hawaasummaa addatti ibsaniif ***garaagarummaawwan xinnoo haga giddu-galeessaa ta'an kan fedhiiwwan qajeelfamaa isaaniitiin walqabatan*** furuuf gargaaran ni argatu. Barattoonni kunneen ***yeroowwan qajeelfamaa isaanii hedduu bakka barnootaattii deeggarsa isaaniif qophaa'e+**** wajjiin kan dabarsan ta'a. |
| Dhiyeessii | Barattoota fedhiiwwan tajaajilaa hedduu qaban. Isaan ***qajeelfamoota addatti qophaa'an (SDI) kan fedhiiwwan barnootaa fi amalaa isaanii hedduu ta'an kana guutuufii danda'an ni argatu.*** Barattoonni kunneen ***yeroowwan qajeelfamaa isaanii hedduu bakka barnootaattii*** dabarsaa galmawwan IEP isaaniirratti fooyya'iinsa kan agarsiisan ta'u. Barattoonni kunneen ***qajeelfamaa fi sirreeffama garee miseensa xinnoo qabuu*** dabalatee qajeelfamoota addatti qophaa'an biroo irraa ni fayyadamu. ****+*** |
| Xiyyeeffannaa | Barattoota fedhiiwwan barnootaa fi amalaa isaanii hedduu ta'an guuttachuuf qajeelfamoota addatti qophaa'an (SDI) fayyadamanidha. Barattoonni karaa qajeelfamoota addatti qophaa'anii ***carraa kaarikulamii barnoota waliigalaa keessatti hirmaachuu*** ni qabu. Barattoonni kunneen ***yeroo qajeelfamaa isaanii gara caalu garee miseensota xinnoo qabu*** akka naannawa badaa hin dhorkamnetti (LRE) dhimma itti ba'uudhaan wajjiin dabarsuun fayyadamuu ni danda'um, kunis IEP irratti hundaa'uudhaan gargar ta'uu mala.* |
| Hawaasummaa/ Qor-qalbii | Barattoota dagaagina dandeettii hawaasummaa/qor-qalbii, amalaa, fi hubannaa isaanii tumsuudhaaf qajeelfamoota addatti qophaa'an (SDI) fudhatanidha. Barattoonni ***karaa SDI qajeelfamoota barnootaa hunda yookaan muraasa fudhachuu ni danda'u*** akkaatuma IEP barataa sanaa irratti ibsameen. Tajaajiloonnis garee miseensota xinnoo qabuun irra-deddeebiin kan dhiyaatan ta'u, garuu immoo IEP irratti hundaa'uun gargar ta'uu danda'a.* |
| Adda | Barattoonni ***kaarikulamii kan kaarikulamii barnoota waliigalaa irraa baayyee gargar ta'e*** irraa fayyadamanidha. Qajeelfamoonni addatti qophaa'an (SDI) kutaalee barnootaa, kan quunnamtii, kan haala jireenyaa fi amalaa kan dabalatudha. Tajaajiloonnis garee miseensota xinnoo qabuun irra-deddeebiin kan dhiyaatan ta'u, garuu immoo IEP irratti hundaa'uun gargar ta'uu danda'a.* |

+ Tajaajiloonni IEP barataa irratti hundaa'uudhaan eessattiyyuu kennamuu danda'u.

*Gosti Tajaajila Bu'uuraa kun barattoota ramaddii qaama miidhamummaa IDEA keessatti ibsamaniif ulaagaa guutan hundaaf kan argamudha.

Chaartiin fuula itti aanutti ce'eera ►►

Seattle Special Education PTSA

# Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafataman

## Deebii Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafatamaniif Keennaman

| Filannoo Tajaajilaa | Ibsa |
|---|---|
| **Duudaa/Rakkoo Dhageettii (DHH)** | Barattoota haala garee IEP isaaniin ibsameen qajeelfamoota addatti isaaniif qophaa'an (SDI) ***naannawa badaa hin dhokamne*** (LRE) keessatti fudhatan. Qabiyyeen qajeelfamichaa barattoonni karaa qajeelfama addatti qophaa'ee kaarikulamii ***barnoota waliigalaa irratti carraa hirmaachuu tajaajiloota bakka turtii, fooyya'iinsaa fi turjumaanaa*** dabalatee in kennaafi. Barattoonni kuufama tajaajila deeggarsaa yookaan dhiyeessiiwwan addatti qophaa'anii bakka iddeessa isaaniin ala ta'etti argachuun irraa fayyadamuu ni danda'u. Tajaajilli kun barattoota duudaa yookaan rakkoo dhageettii qabaniif banaa kan ta'edha. |
| **Agartuu** | Barattoonni haala garee IEP isaaniitiin murtaa'uun qajeelfamoota addatti kennaman (SDI) naannawa badaa hin dhorkamne (LRE) keessatti ni argatu. Qabiyyeen qajeelfamichaa barattoonni karaa qajeelfama addatti qophaa'ee kaarikulamii ***barnoota waliigalaa irratti carraa hirmaachuu tajaajiloota bakka turtii fi fooyya'iinsawwan akka Oofamaa fi Sochii (O fi M) fi ijaa, qajeelfamoota Biriilleen kennaman dabalatee.*** Barattoonni kuufama tajaajila deeggarsaa yookaan dhiyeessiiwwan addatti qophaa'anii bakka iddeessa isaaniin ala ta'etti argachuun irraa fayyadamuu ni danda'u. Tajaajilli kun barattoota jaamaa yookaan arguu hin dandeenyeef banaa kan ta'edha. |
| **Hordoffii Meedikaalaa Kan Barbaadu** | Barattoonni haala garee IEP isaaniitiin murtaa'uun qajeelfamoota addatti kennaman (SDI) naannawa badaa hin dhorkamne (LRE) keessatti ni argatu. Qabiyyeen qajeelfamichaa barattoonni karaa qajeelfama addatti qophaa'ee kaarikulamii ***barnoota waliigalaa irratti carraa hirmaachuu*** akka argatan kan godhudha. Barattoonni kuufama tajaajila deeggarsaa yookaan dhiyeessiiwwan addatti qophaa'anii bakka iddeessa isaaniin ala ta'etti argachuun irraa fayyadamuu ni danda'u. Tajaajiloonni garee namoota muraasa qabuun irra-deddeebiidhaan kan kennamudha, garuu immoo IEP irratti hundaa'uun gargar ta'uu mala. Tajaajilli kun barattoota ramaddii qaama miidhamummaa IDEA hundumarraa kunuunsi meedikaalaa cimaan isaan barbaachisuuf kan kennamudha. |
| **18–21 Tajaajiloota Cehumsaa** | Barattoonni tajaajiloota cehumsaa keessatti hammatamn barattoota, kan umriin isaanii 18-21 ta'ee ***fedhiiwwan barnoota fedhii addaa kan amalaa hedduu ta'e qaban*** qajeelfama addatti qophaa'e (SDI) kan argatanidha. Tajaajilli kunis barattoota umriin isaanii 18-21 ta'e kan ramaddii qaama miidhamummaa IDEA'tiif ulaagaa guutaniif banaa kan ta'edha. |

Maddi https://www.seattleschools.org/departments/special-education/services/placement-and-primary-service-types/ irraa gaafa 4/5/22

+ Tajaajiloonni IEP barataa irratti hundaa'uudhaan eessattiyyuu kennamuu danda'u.
*Gosti Tajaajila Bu'uuraa kun barattoota ramaddii qaama miidhamummaa IDEA keessatti ibsamaniif ulaagaa guutan hundaaf kan argamudha.

### ? Barataan koo erga IEP'n hojiitti hiikameellee fooyyee agarsiisaa hin jiru. Amma maal gochuun danda'a?

Yaaddoo keessan himachuuf fi walga'ii IEP gaafachuuf Hogganaa Taatee quunnamaa. Walga'icha irrattis yaaddoo keessan haasa'aa yoo barbaachisaa ta'ee argame immoo IEP'n akka haaromfamuuf wixinee dhiyeessaa.

### ? Barataan tokkoof waggaatti walga'ii IEP tokko qofaatu eyyemamaa?

Lakki. Maatiin yeroo fedhetti walga'ii IEP gaafachuu ni danda'a. Gaaffii keessanii fi barbaachisummaa walga'ii IEP sanaa barreeffamaan dhiyeessaa. Baratichi marii garee IEP irraa fayyadamuu ni danda'a jedhanii yoo itti waliigalan godinni wixinee saatii & guyyaa walga'iyyi itti gaggeeffamu qopheessuu yookaan immoo dhimmicha furuuf filannoo biraa akka yaadaatti dhiyeessuu ni danda'u. Godinni walga'ii IEP walitti qabuudhaaf yoo didan, diddaa isaanii PWN irra kaa'uu qabu.

### ? Walga'ii IEP'tiif akkamitti qophaa'uutu narra jiraataa?

Gabaasota IEP fi fooyya'iinsawwan yeroo darbanii ilaalaa. Gaaffilee fi dhimmoota keessan dursuun qixeeffadhaa.

Gaaffileen irra-deddeebiin gaafataman fuula itti aanutti ce'aniiru ▶▶

Seattle Special Education PTSA

# Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafataman

## Deebii Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafatamaniif Keennaman

**Godinni baratan koo IEP dhaaf ulaagaa akka hin guunne yoo dhiyeessan hoo?**
Sababa isaa barreeffamaan dhiyeessuu qabu. Kunis baayyiinan PWN irratti kan ta'udha. Qabxii madaallichaatti yoo walii hin galle immoo, walga'icha hirmaachuu keessanii fi qabxii madaallii irratti waliigaluu dhabuu keessan barreessuu keessan mirkaneeffadhaa.

**Galmawwan hagamii IEP irra taa'uu akka danda'u ilaalchisee daangaan ni jiraa?**
Lakki, galmawwan fedhii baratаа irratti malee, galtee mana barumsaa irratti kan hundaa'an miti.

**Fooyya'iinsi IEP maalidhaa?**
Fooyya'iinsi IEP jijjiirama yookaan fooyya'iinsa xinnoo IEP irratti godhamudha. Qaamoleen hundi kan irratti waliigalan taanaan walga'iin miseensota garee IEP hundaan gaggeeffamuun dirqama miti. Fooyya'iinsi dhiyaates jijjiiramoonni kamuu uumamuun dura PWN irra yoo kaa'aman filatamaadha.

**Meeshaaleen IEP'dhaaf barbaachisan walga'ichaan dura ilaaluudhaaf akkan yeroo ga'aa argadhuuf walga'icha dursuun yookaan dafee yoo naaf dhiyaachuu baate maal gochuun danda'aa?**
Maatii fi guddiseen waggaa guutuu, keessattuu walga'iiwwan IEP dursuudhaan ragaalee qorachuu fi ilaaluudhaaf mirga ni qabu. Ragaalee ilaaluudhaaf gaafattanii yoo isiniif hin dhiyaanne, hogganaa mana barumsaa fi to'ataa naannoo quunnamaa. Walga'ichi erga isin ragaalee fi sanadoota ilaaluudhaaf yeroo ga'aa fudhattanii booda akka godhamuuf guyyaasaa dabarsuuf gaafachuu ni dandeessu.

**Qabxii madaalliitti yoon waliigaluu baadhewoo?**
Yaaddoo keessan barreeffamaan dhiyeeffadhaa. IEE yookaan Madaallii Barnootaa Qaama Alaan Godhamu gaafachuu ni dandeessu. IEE argachuuf kan isin gargaaran odeeffannoo isiniif kennuudhaaf godinni itti gaafatamummaa in fudhata.

**Madaallii Barnootaa Qaama Alaan Godhamuuf (IEE) eenyutu kaffaltii raawwataa?**
Maatiin yookaan guddiseen baasii IEE uwwisuuf dirqama qabu: haa ta'uyyuu malee, baasii mootummaatiin IEE'n akka isiniif dhiyaatu gaafachuu ni dandeessu, garuu suni immoo godinni yoo gaaffii keessanitti waliigale irraan kan hafe dhaddacha adeemsa seeraa gaafata.

**Karoora 504 eenyutu qopheessaa?**
Garee namoota dhuunfaa kan fedhii daa'ima sanaa beekanii fi hubatan akkasumas kan daataa fi odeeffannoo madaalliiwwanii hiikuu danda'aniiti. Akka waliigalaatti, maatiin yookaan guddiseen, barsiisaa(sonni), qindeessaa(ssitoonni) 504, fi bulchiinsi mana barumsaa qophii karoora 504 irratti ni hirmaatu.

**Karoora 504 keessatti maaltu kaawwamee jiraa?**
Karoorri 504 bakka tursiisaa fi deeggarsawwan daa'imaaf barbaachisaan akkasumas deeggarsawwan kanneen eenyu akka dhiyeessuu fi to'atu kan qabatudha.

**Barataan koo karoora 504 yoo qabaate, akka barataa tajaajiloota barnoota fedhii addaa argatuutti ni ilaalamaa?**
Lakki. Barataan tajaajiloota barnoota fedhii addaa argatu IEP malee, karoora 504 hin qabaatu. Garuu immoo wayita "barattoota fedhi adda" jennu isaaniinis itti dabalaa jirra.

# Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafataman

## Deebii Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafatamaniif Keennaman

**Barataa kootiif tajaajiloota Bara Barnootaa Dabalataa (ESY) akkamiinan gaafachuu danda'a?**

Jalqaba bara sanaatti gaaffii keessan barreeffamaan dhiyeeffadhaa. Walga'iin IEP barataa keessanii kan bara kanaa dafee kan godhamu taanaan, walga'ii IEP sanarratti waayee ESY dubbachuu ni dandeessu. Kanaachi immoo, ESY irratti mari'achuudhaaf walga'ii IEP gaafadhaa.

**Yeroo walga'ii IEP dhaaf qabame keessatti dhimmoota keenya hundaaf fala kaa'uu yoo dadhabne hoo?**

Walga'icha irrati yeroo gahaa hin arganne taanaan yaadonni lafa kaawwamanii yeroon qabamuufiidhaan guyyaa biraatti darbuu ni danda'u. Walga'iin ammaa kun dhumuun dura walga'iin IEP itti fufee jiruuf beellamni qabamuusaa mirkaneeffadhaa.

**Namoota biroo mana barumsaa barataa koo keessa jiran kan mudannoo walfakkaataa qaban wajjiin akkamiinan walquunnamuu danda'aa?**

Koree Hirmaannaa Hawaasaa fi Maatii Barattoota Fedhii Addaa Seattle PTSA quunnamuun maatiiwwan biroo faana quunnamuuf akka isin deeggaran gaafadhaa. PTA naannoo keessanii yookaan hogganaa mana barumsaa keessan gaafachuullee ni dandeessu.

**Godinni madaallii dhiyeessuudhaaf yoo waliigale maal gochuutu naaf ta'aa?**

Ogeessa xiinsammuu mana barnootaa yaaddoo isin barataan keessan rakkachaa jiraachuu ilaalchisee qabdan hundumaa beekuu isaa mirkaneeffadhaa. Irra-deebitanii ilaaluudhaaf carraa akka argattaniif walga'ichi gaggeeffamuu guyyaa hedduu dursuudhaan garagalcha madaallii gaafachuu keessan mirkaneeffadhaa. Waliigaltee madaallii sanarra jiru of eeggannoon dubbisuun bakka hin hubannetti gaafadhaa. Unka waliigaltee sana mallatteessuudhaan mana barumsaatti deebisaa.

**Walga'ii IEP eenyutu hirmaataa?**

Maatii/guddisee fi barataa keessan, barbaachisaa ta'ee yoo argame immoo garee mana barnootaa kan to'ataa taatee, barsiisota barnoota fedhii addaa, barsiisota barnoota waliigalaa, dhiyeessitoota tajaajila walfakkaatanii (OT, PT, SLP), bulchiinsa mana barumsaa, bulchiinsa godinaa (akka barbaachisummaa isaatti), giddu-deemtota, fi namoota waayee daa'ima keessanii beeku jettanii yaaddan kan yeroo baayyee ogeessota dhidhiibbaa dhuunfaa ta'an of keessaa qabu. Walga'icha irratti nama yaadannoo isiniif qabullee gaafachuu ni dandeessu. Wayita danda'ametti namni yaadannoo isiniif qabu kan mataa keessanii yoo fidattanii dhuftan irra filatamaadha. Maatiin walga'ii IEP irratti NAMA KAMIYYUU fidatanii dhufuu danda'u. In danda'ama taanaan hiriyaa yookaan miseensa maatii tokko fidadhaa kottaa.

**Garaagarummaan garee SIT fi IEP maalidhaa?**

SIT yookaan Gareen Sirreeffama Barataa madaallii keessatti kan qooda fudhatan a'anii deeggarsawwan karoora 504 keessatti eeraman kan qopheessanidha. Gareen IEP Karoora Barnoota Dhuunfaa barattoota tajaajila barnoota fedhii addaa argataa jiranii qopheessuun ni hogganu.

**Madaalliin irra-deebiin yoom godhamaa?**

Yoo xinnaate wagga 3'tti. Madaalliin miseensa garee IEP'tiin yeroo fedhetti gaafatamuu kan danda'u ta'ee miseensonni garee IEP hundumtuu kan irratti waliigalan barbaachisummaan gahaan hin jiru taanaan godinni raawwachiisuudhaaf dirqama hin qabu.

**Manni barumsaa barataa kootii "sagantaa" barumsaa fedhii addaa kan barataan koo barbaadu hin qabu ta'ewoo?**

Barattoonni mana barumsaa, kan naannoo isaaniitti argamu ta'us dhiisus kan sagantaa barataan sun itti ramadame qabutti akka baratan SRS'n in gaafata. Maatiin mana barumsaa naannoo isaaniitti argamutti ramaddiin akka godhamuufiif gaafachuu fi falmachuuf mirga ni qabu. Godinni gaafficha kan didan taanaan, maatiin adeemsa seeraa kan abbaan seeraa akka dhimmicha irratti murtii dabarsu taasisu hordofuu ni danda'u.

# Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafataman

## Deebii Gaaffilee Irra-deddeebiin Gaafatamaniif Keennaman

**Gargaaraa dhuunfaa gaariin qaba. Baratаa koo gargaaruuf mana barumsaatti dhufuu ni danda'uu?**
Inni fedhii mana barumsaarratti hundaa'a. Gaaffii keessan barreeffamaan qopheessuudhaan Yaadachiisa Barreeffamaa Dursaa (PWN) tiin deebii isaanii gaafadhaa. Godinni barnoota bilisaa fi sirrii mootummaan dhiyaatu (FAPE) dhiyeessuun waan irraa eegamuuf filannoon biraan jiru FAPE akka hin arganne kan dhorkan taanaan deeggarsa akka dhiyeessaniif godina gaafachuudha.

**Manni barumsaa daa'ima koo dhorkuu yookaan qofaatti baasuu kan danda'u yoomidha?**
Imaammata #3246, "Qofaatti baasuun haala kam keessattiyuu kan dhorkamedha. Haalota carraan miidhaa qaamaa nama sanarraa ga'uu ballaan yoo jiraatan irraan kan barattoota irratti dhorkiinsa fayyaduun kan dhorkamedha. Haalota kanneen keessattis, dhorkiinsi faayyidaarra kan oolu akka mala isa dhumaatti fi miidhaa qaamaa baraticha yookaan warra kaanirra ga'u hambisuuf yookaan hir'isuuf qofa kan ta'udha. Itti fayyadamni dhorkiinsaa yookaan giddu-seentummaan qaamaa kan biraa carraan miidhaan qaamaa dhaqqabuu battala dhibee kaasee addaan cituu qaba. Haalli malli kun akka mala naamusaatti, adabbiitti, mijannaa dargagummaaf, yookaan qabeenya barbaadeef yookaan jeequmsa barataarra ga'e kan miidhaa qaamaa hin geessisneef akka deebiitti itti faayyidaarra oolu hin jiraatu." https://www.seattleschools.org/wp-content/uploads/2021/07/3246.pdf

**Pirotokooliin Deebii Yeroo Balaa Hatattamaa (ERP) Maali?**
Kun karoora deebii "balaawwan hatattamaa carraan miidhaa qaamaa geessisuu isaanii ballaa ta'e" mudachuun dura lafa qophaa'anii taa'anidha. Akka maatiitti yookaan kunuunsituutti, saanduqa faayila IEP keessa jiru kan waliigaluu keessan ibsu filachuudhaan yookaan bira taruudhaan karoora ERP qabaachuudhaaf filachuu ni dandeessu. "Pirotokoolonni deebii yeroo balaa hatattamaa, kan qophaa'an taanaan, IEP barataatti dabalamuudhaan waggaa waggaan irra-deebiin ilaalamuu qabu. Pirotokoolonni deebii yeroo balaa hatattamaa itti fayyadama karoora sirreeffama amalaa saayinsaa ta'e kan amala wayii jijjiiruuf, bakka buusuuf, fooyyessuuf yookaan balleessuuf qophaa'u bakka bu'uun tajaajiluu hin danda'an. Pirotokoolonni Deebii Yeroo Balaa Hatattamaa karoora barnoota ammayyaa kan barnoota bilisaa fi sirrii ta'e mootummaan dhiyaatu (FAPE) dhiyeessuuf barbaachisuu fi waliigaltee maatiin Pirotokoolonni Deebii Yeroo Balaa Hatattamaa fudhatamuun dura taasisan kan galmeessudha." https://www.seattleschools.org/wp-content/uploads/2021/09/3246SP.pdf

**Hirmaannaan maatii hiika qabeessi maal fakkaata?**
Yaadachiisa walga'ii, galmee barnootaa argachuu danda'uu, barnoota daa'ima isaanii keessatti maatii akka gumaachitootaa fi michuutti kabaja kennuufii, daa'ima isaanii mana barumsaa keessatti argachuu danda'uu, fi waliigaltee maatii kan dabalatudha.

**Barataan koo walga'ii IEP isaanii hirmaachuu ni danda'uu?**
Eeyyeen! Akka barbaachisummaa isaatti hirmaannaan isaanii ni jajjabeeffama. Waayee galmawwan, deeggarsawwanii, fi ciminoota isaanii irratti dafaatii isaan wajjiin hojjechuu jalqabaa. Akkasumas hojjettoonni irra-deddeebiidhaan galtee isaanirraa akka fudhatan jajjabeessaa.

**Gaaffii keessaniif deebii ta'u yoo hin argannee maaloo asirratti iimeelii nuur ergaa:**
hello@seattlespecialeducationptsa.org

# Naamusa Mana Barnootaa

## Gosoota naamusa kabachiisuu Manneen Barnootaa Mootummaa Seattle keessa jiraniin fayyadamaman

## Maalidhaa?

Manneen barnootaa keessatti, "naamusni" daangaawwan amalaa kaawwaman irra-daddarbuudhaaf akka deebiitti kan qophaa'edha. Kaayyoon naamusaas adabuu caalaatti barsiisuu ta'uu qaba.

**Walcaalmaa naamusa kabachiisuu keessatti mullatu:** Barattoonni dhalootaan Afrikaa ta'anii Amerikaa keessa jiraatanii fi barattoonni qaama miidhamummaa qaban gitoota isaanii warra adii, fayyaa guutuu qaban irra bifa baayyee caaluun hojjiin naamusa kabachiisuu isaan irratti akka raawwatu hubachuun barbaachisaadha. Naamusa kabachiisuun wayita barataa dhuunfaa irratti gaggeeffaman, guutummaatti mala saayinsawaadhaan raawwatamuu qabu.

**Tarkaanfileen naamusa kabachiisuu filatamoon** ittisa, dadammaqiinsa kan uuman, akkasumas rakkoolee jeequmsa naamusaa geessisan furuu keessatti barattoota hirmaachisuu irratti kan xiyyeefatanidha. Bu'aan bareedaan barattoota irratti kan argamu yemmuu barattoonni nagaa ta'uun itti dhaga'amuu fi yemmuu barnoota isaanii keessatti hariiroo waldeeggaruu irratti bu'uureffateen adeemsa baruu isaanii keessatti akka hirmaattota angafaatti mullatanii, fi hubannaa "Daa'imman yoo danda'an akka gaariitti hojjetu" jedhu qabaatanidha **(Ross Greene)**[1].

## Naamusa SPS Keessatti

SPS **Maatiriksii Naamusaa**[2] kan bulchitoonni tarkaanfilee jeequmsa naamusaa sirrii ta'e filachuu keessatti isaan qajeelchu hordofa. Akkuma sanada **Mirgootaa fi Dirqamoota Barataa**[3] Manneen Barnootaa Mootummaa Seattle keessa jiran keessatti ibsametti, "barattoonni, maatiin, fi kunuunsitoonni manni barumsaa adeemsa murtoowwan adabbii naamusaan walqabatan ittiin darban jalqabuun dura galtee kennuudhaaf michoota dafanii argaman ta'uuf mirga ni qabu."

## Adabbiileen naamusaa kan dabalatu:

**Dhorkiinsa Laafaa**

- **Deebii daree keessaa:** barsiisaa darechaatiin kan xumuramudha
- **Deebii Mana Barumsaan Kennamu:** bulchaa(toota) mana barumsaan kan raawwatamudha; kaninni hammatus:
- **Uggura mana barumsaan kaa'amu:** daree keessaa baafamuu, garuu immoo gamocha keessa turuu
- **Haqiinsa dafee raawwatamu:** wayita manni barumsaa maatii/ kunuunsituun daa'ima isaanii sababa amalaan fudhachuu akka qaban gaafatu, akka uggura yeroo gabaabaatti galmaa'uu qaba
- **Uggura yeroo gabaabaa:** qabeenyaalee mana barumsaa irraa hanga guyyaa 10'tti dhorkamuu
- **Uggura yeroo dheeraa:** qabeenyaalee mana barumsaarraa guyyoota 10'f dhorkamuu
- **Ari'uu:** qabeenyaalee mana barumsaa irraa dhorkamuu; haga turtii bara barnootaatti gahuu danda'a; meeshaalee waraanaa yoo ta'erraan kan hafe barattoota barnoota sadarkaa jalqabaa irratti hin hojjetu

**Dhorkiinsa Jabaa**

- Eegumsi Naamusaa Barrattoota Kan Dabalataa IEP/504 (akkasumas warreen 504 isaan barbaachisuun isaanii adda hin ba'iin jiru): madaalliiwwan amalaa **(FBAs)**[4], karoorawwan sirreeffama amalaa **(BIPs)**[5], raawwii gochaa irra-deebiin ilaaluu **(MDRs)**[6], filannoowwan ramaddii barnootaa kan yeroo (barattoota meeshaa waraanaa fayyadamuun, qorichoota seeraan alaa sammuu namaa hadoochaan fi/ yookaan miidhaa qaamaa cimaa geessisuun namusa cabsan ) kan dabalatudha. Manneen barnootaa maloota hedduu kan rakkoolee jeequmsa naamusaa xinnaa hamma guddaatti ittiin furuu danda'an kan jeequmsa naamusa nama adabsiisu yookaan addatti nama baasu ittisuu danda'u ni qabu.

- **Shaakalawwan Tiroomaa irraa dhufan**[7]
- **Deebisanii dandamachiisuu**[8]
- **Moodeloota Ittiin rakkoo furan**[9]
- **Baafata Shaakalawwan Filatamoo OSPI**[10]

**Yaaddoowwan FBA fi BIP'n walqabatan:* FBA fi BIP'n barattootaaf eegumsa gochuuf yoo yaadamaniyyuu, haalota durumaa jiran kan akka dhiphachuu sammuu yookaan tiroomaa, kan amaloota tarkaanfilee jeequmsa naamusaatti nama geessan ilaalcha keessa hin galchani.

Seattle Special Education PTSA

# Naamusa Mana Barnootaa

## Gosoota naamusa kabachiisuu Manneen Barnootaa Mootummaa Seattle keessa jiraniin fayyadamaman

- Tajaajiloota Barnoota Wayita Ugguraatti Kennaman*: barattoonni wayita ugguraa fi ari'amanii jiranitti hanga yeroo turtii tarkaanfii naamusaa sana irratti utuu hin hundaa'iin tajaajiloota barnootaa argachuu qabu. Tajaajiloonni kunneen baratan kaarikulamii barnoota waliigalaa akka argatanii fi akkasumas deeggarsa galmawwan IEP isaanii bira ga'uudhaaf isaan barbaachisu argachuu kan dandeessisu ta'uu qaba.

**Taateen Jedhame Uumamuu**

(!) Yaadachiisi tarkaanfii naamusaa guyyaama tarkaanfiin sun itti murtaa'etti maatii/kunuunsitootaaf dhiyaachuu qaba.

(!) Barattoonni mirga maatiin isaanii adeemsa adabbii naamusaa keessatti hirmaachuu ni qabu. Wayita uggurri yeroo gabaabaa yookaan yeroo dheeraa isaan irratti darbu maatii isaanii quunnamuun eyyemamuufii qaba.

TARKAANFII 1

**Dhaddachaa Jalqabaa fi Yaadachiisa Jalqabaa**

1 GUYYAA

**Yaadachiisa arreeffamaa**

Uggurri yookaan ari'amuun hojiirra ooluun dura, hojjetaan SPS dhaddacha al-idilee jalqabaa barataa wajjiin dubbachuudhaaf waamuu qaba.

- Seera kamtu sarbame
- Ragaa jeequmsa amalaa mudatee
- Tarkaanfii naamusaa kamtu kenname

Barataan yaadasaa akka ibsatuuf carraa illee kennuufii qaba.

TARKAANFII 2

**Walga'ii Raawwii Gochaa Ilaalu (MDM)**

**Barataa qaama miidhamaa ta'e kan ugguramuun yookaan ari'amuun guyyoota 10 yookaan guyyoota barnootaa sanaa oliif, walitti fufiinsaan yookan ida'aman waggaa 1 keessatti irra kaa'amuun yookaan baratichi gadi baafamuu hedduu ta'e kan sadarkaan kanaan isa fa'e yoo beeksifamedha.**

**Godinni MDM maatii, godinaa, fi miseensota garee IEP waliin taa'uuf waamuu qaba.**

10 GUYYOOTA

**MDM'n guyyaa godinni ramaddii irratti jijjiirama taasisuuf murteesse irraa kaasee guyyoota barnootaa 10 hin caalle keessatti taa'amuu qaba.**

**Amalli adabbiin naamusaa irratti darbe kan qaama miidhamummaa isaanii waliin walin qabataa**

**Eeyyeen, taanaan tarkaanfiin naamusaa Hin jiraatu, uggurri/ ari'amni utuu hin raawwataniin barataan ramaddii barnootasaatti deebi'uu qaba.**

TARKAANFII 3

**Madaalliin Jijjiirama Amalaa raawwatamuun Karoorri Sirreeffama Amalaa qophaa'uu qaba.**

**Lakki, Uggurri/ari'amuun itti fufa.**

TARKAANFII 3

**Madaalliin Jijjiirama Amalaa raawwatamuun Karoorri Sirreeffama Amalaa qophaa'uu qaba.**

(!) **Wayita gabatee barnootaarraa haqamee jirutti barataan tajaajiloota barumsaa argachuu qaba*.**

Madaallii Jijjiirama Amalaa (FBA) & Karoora Sirreeffama Amalaa (BIP): FBA'n mala jijjiirama amala barataa hubachuuf gargaaru ta'ee kan deeggarsa sirreeffama amalaa poosatiivii ta'e kaa'uuf bu'uura ta'udha. Madaalliin kun uggurrii fi gabatee barnootaa irraa ari'amuun guyyoota 10 yookiin isaa olii (walitti fufiinsaan yookaan ida'amaan) erga dhumeen booda raawwatamuu qaba . FBA'n BIP durumaan jiru haaromsuuf yookaan karoora haaraa qopheessuuf gargaara.

Seattle Special Education PTSA

# Galteewwan:

## Kunneen tarree galteewwan gargaaruu danda'aniiti.

### Ejensiiwwan Mootummaa:

**OSPI/Waajjira To'ataa Qajeelfama Mootummaa:** https://www.k12.wa.us/student-success/special-education

**OEO/Waajjira Abbagaar Dhimma Barnootaa:** https://www.oeo.wa.gov/en

### Jaarmiyaalee Hawaasaa:

**Diikoodingi Dileksiyaa Kan Washington:** https://www.facebook.com/decodingdyslexia.wa/

**Mirgoota Qaama Miidhamtootaa Kan Washington:** https://www.disabilityrightswa.org/

**Hawaasa Daawon Siindiromii Kan Puget Sound:** https://dscpugetsound.org/

**Waldaa Dileksiyaa Addunyaa - Damee WA:** https://www.wabida.org/

**Dandeettii Barataa Irratti Misooma Hojjechuu:** https://studentpotential.org/

**Waaltaa Oppen Doorsi foor Multiikalcheraal Faamiliis:** https://www.multiculturalfamilies.org/

**Ruuted in Raayitsi:** https://rootedinrights.org/

**Ruutsi oof Iinkiluushin:** https://www.rootsofinclusion.org/

**Gamtaa Naamusaa Kan Bulchiinsa South King:** https://www.skcdisciplinecoalition.com/

**Gamtaa Barnootaa Kan Kibba Baha Seattle:** http://www.sesecwa.org/

**Ze Arki oof King County:** https://arcofkingcounty.org/

**Tokkummaa Ootisimii fi Deeggarsaa Washington:** https://washingtonautismalliance.org/

**Haandis ende Vooyisis:** https://wahandsandvoices.org/

**Hiituu Tajaajiloota Aad-danuu Washington:** https://www.wmslink.org/

**Qaama Miidhamtoota, Carraawwan, Walitti Hidhamiinsaa, fi Teknoloojii (DO-IT):** https://www.washington.edu/doit

**Piroojektii Haqaa Kaaba Dhihaa:** https://nwjustice.org/get-legal-help

**Tiim Chaayildi:** https://teamchild.org/

### Sanyummaa fi Qaama Miidhamummaa:

**Garee Waldeeggarsaa Jiraattota Amerikaa Dhalootan Afrikaa, Ze Arki oof King County:** https://arcofkingcounty.org/community-calendar.html/ event/2022/01/31/1643666400/african-american-support-group/361823

**Ootisimii Gurraachota Biratti:** https://www.autisminblack.org/about/

**Maatiiwwan Color Seattle:** https://www.focseattle.org/

**Piroojektii Barnootaa Kienan Ellis (KEEP):** https://www.keep-wa.org/

**Walirra Simannaa Sanyummaa fi Qaama Miidhamummaa:** Haasaa Maatiiwwan Guutuu Biyyaa Keessa Jiran Wajjiin Godhamu: https://adayinourshoes.com/the-intersection-of-race-and-disabilities-conversations-with-parents-across-the-nation/

### Dhiyeessitoota Tajaajila Fayyaa Amalaa:

**Tajaajila Gorsaa fi Riifeerii Eeshiyaa:** https://acrs.org/

**Waaltaa Daandii Atlantic:** https://atlanticstreetcenter.org/

**Gorsaa fi Riifeerii Consejo:** https://consejocounseling.org/

**Seattle'tti Dhaabbata Fayyaa Gosoota Cowlitz:** https://www.cowlitz.org/services/health-and-human-services/health-human-services-seattle.html

**Waaltaa Koorniyaa Ingersoll:** https://ingersollgendercenter.org/

**Ogeessota Fayyaa Amantii Islaamaa Kan Seattle:** http://www.mhpseattle.org/

**NAMI (Tokkummaa Biyyaalessaa kan Dhukkuba Sammuu) Seattle:** https://namiseattle.org/

**Navos:** https://www.navos.org/

**Ryther:** https://www.ryther.org/

**Yuu Girow Gerli!:** https://www.yougrowgirl.org/


**Geessituu Gabaajeewwan Barnoota Fedhii Addaa Keessatti faayidaarra oolanii:**
https://www.parentcenterhub.org/acronyms/

# Seenaa Qaama Miidhamummaa fi Hubannoo Uumuu

## Qabiyyee gumaachawwan ibsuu fi seenaa hawaasa qaama miidhamtootaa qabu




**Kutaa Dubbisaa**
https://seattlespecialeducationptsa.org/resources-for-families




**Kutaa Dubbisaa / Kan Daa'immanii fi Ga'eessotaa**
https://seattlespecialeducationptsa.org/resources-for-families

# Maddeen

## Geessituu maddeen sanada kana qopheessuu keessatti fayyadamamanii

https://www.k12.wa.us/student-success/special-education

https://www.oeo.wa.gov/en

https://adayinourshoes.com/

https://www.seattleschools.org/

https://apps.leg.wa.gov/wac/default.aspx?cite=392-172a

https://www.parentcenterhub.org/

https://www.k12.wa.us/sites/default/files/public/specialed/pubdocs/ProceduralSafeguards.pdf

https://www.ada.gov/

https://www.seattleschools.org/about/school-board/policies/4200sp-a-visitors-to-schools/

### Maddeen Naamusaa

[1]https://livesinthebalance.org/educators-schools/

[2]https://www.seattleschools.org/wp-content/uploads/2021/09/ADA-Discipline-Matrix-21-22.pdf

[3]https://www.seattleschools.org/wp-content/uploads/2021/11/SSR-21-22-november-2021.pdf

[4]https://www.understood.org/articles/en/functional-assessment-what-it-is-and-how-it-works

[5]https://www.understood.org/articles/en/behavior-intervention-plans-what-you-need-to-know

[6]https://www.wrightslaw.com/info/discipl.mdr.strategy.htm

[7]https://traumasensitiveschools.org

[8]https://www.nwjusticeforum.com

[9]https://livesinthebalance.org/our-solution/

[10]https://www.k12.wa.us/sites/default/files/public/2020%20Behavior%20Menu%20with%20ADA.pdf

Wantoonni qajeelfama kana keessatti dhiyaatan odeeffannoo qofaaf kan yaadamanidha. Akka gorsa ogummaatti kan yaadame waan hin taane sanaaf ooluun irra hin jiraatu. Barnoonni Fedhii Addaa Seattle PTSA'n wantoota jedhaman kanneen maxxansuudhaan tajaajiloota seeraa yookaan ogummaa kennuu keessaa qooda hin qabu. Tajaajilli ogummaa kan barbaadamu yoo deeggarsi ogeessaa yookaan seeraa gaafatmedha.

Seattle Special Education PTSA

# Miseensummaa

## Nutti dabalamuun jijjiirama uumaa

## Seattle Special Education **PTSA**

### Informing, Educating, Empowering Communities

The Seattle Special Education PTSA advocates for all students with disabilitiesin the Seattle Public Schools District by:

- Helping families navigate the educational system
- Partnering with parents and educators to advocate for improvements in special education service delivery
- Providing educational resources to our members

**We hope you will join our advocacy community!**

For your convenience, there are multiple ways to join:

- Online: https://seattlespecialeducationptsa.org
- Mail: Seattle Special Ed PTSA, 7323 17th Ave NW, Seattle, WA 98117
- In person: Hand directly to a board member

We offer all memberships on a sliding scale, starting at no cost, going up by $5.00 increments. As of July 2021, the total cost that SSEPTSA pays per member is $12.26:

*Seattle Council PTSA dues = $3.50*
*Washington State and National PTSA dues = $8.00*
*Paypal fee = $0.76*
*Total = $12.26*

We encourage each individual to determine what contribution feels right and accessible to you.

Become a member! I'd like to contribute $ ____________

Name(s): ____________________________________________

School affiliation: ____________________________________________

Street Address: ____________________________________________

City: ______________________ Zip Code: ______________________

Phone: ______________________ Email: ______________________

This email address may be used to offer electronic voting option, initial here to opt-out ____________

NOTE: PTA membership is NOT a commitment of your time! Becoming a member shows your support for the PTSA and helps fund advocacy efforts for all students with disabilities. Looking to do more? We always welcome greater involvement. Attend our monthly meetings and/or check one or more boxes below to find out more about our new committees.

- ☐ **Fundraising, Budget/Finance**
- ☐ **Racial Equity and Inclusion**
- ☐ **Family and Community Engagement (FACE)**
- ☐ **Membership**
- ☐ **Restraint and Isolation**
- ☐ **Inclusionary Practices**
- ☐ **Communications/Outreach**
- ☐ **Dyslexia**

For additional info, visit us at https://seattlespecialeducationptsa.org
or follow us on Facebook ("Seattle Special Education PTSA")

https://seattlespecialedptsa.memberplanet.com/Membership.html

Geessituun unka miseensummaa kutaa
**Filannoowwan Kaffaltii** jala jira